



**WAAJJIRA AFYAA' IIFI CAFFEE  
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E**

Waggaa 15<sup>th</sup> ..... Lak. 3/1999

፲፭ኛ ዓመት ..... ቁጥር ፫/፲፱፻፺፱

15th year ..... No. 3/2006

Finfinnee, Sadaasa 17 bara 1999

ፌንፌኔ፣ ሀዳር ፲፯/፲፱፻፺፱ ዓ.ም.

Finfinne, November 26, 2006

# MAGALATA OROMIYAA

## መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

# MEGELETA OROMIA

|                    |                                                            |                                   |
|--------------------|------------------------------------------------------------|-----------------------------------|
| Gatiin Tokko ..... | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo<br>Oromiyaatiin Kan Bahe | Lakk. S. Poostaa ..... 21383-1000 |
| ያንዱ ዋጋ .....       | በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት<br>በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ                | የፖ.ሣ.ቁጥር .....                    |
| Unit Price .....   |                                                            | P.O. Box .....                    |

| <u>QABIYYEE</u>                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                    | <u>ማጠቃለያ</u>                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                          | <u>CONTENT</u>                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                            |
|--------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|
| <u>Labsii Lak. 121/1999</u><br>Labsii Abbaa Qabeenyummaa<br>Kondominiyeemii Mootummaa Naannoo<br>Oromiyaa ..... Fuula 1                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                            | <u>አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፩/፲፱፻፺፱</u><br>የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የኮንዶሚኒየም<br>ባለቤትነት አዋጅ ..... ገጽ ፩                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                  | <u>Proclamation No. 121/2006</u><br>Proclamation to Provide for the Ownership of<br>Condominium Houses of the Oromiya<br>National Regional State ..... Page 1                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                             |
| <u>Labsii Lak. 121/1999</u><br>Labsii Abbaa Qabeenyummaa<br>Kondominiyeemii Mootummaa<br>Naannoo Oromiyaa                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                          | <u>አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፩/፲፱፻፺፱</u><br>የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት<br>የኮንዶሚኒየም ባለቤትነት አዋጅ                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                             | <u>Proclamation No. 121/2006</u><br>Proclamation to Provide for the Ownership<br>of Condominium Houses of the Oromiya<br>National Regional State                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                                          |
| Hanqina manaa magaalota keessatti<br>radd'achaa jiru salphisuuf, iddoo magaalaa<br>nannoota dhuunfaadhaaf qoqqoodanii hiru<br>dabalatee akkaataa lafti faayidaarra ooluu<br>danda'u malawwan biroos hojiiarra<br>oolchuun barbaachsisaa ta'ee waan<br>argameef;<br><br>Iddoo magaalaa ijaarsa gamoo waliinii kan<br>qabu manneen wal cinaatti ykn wal irratti<br>ijaramuuf oolchuun, iddoo xiqqoo ykn<br>dhiphoo magaalaa keessaa nama hedduuf<br>qabiyyeefi itti fayyadama waliiniitiif akka<br>oolu gochuun, itti fayyadamaafi dhiyeessa<br>iddoo magaalaa fooyyessuun, akkasumas,<br>miidhagina magaalaa eeguudhaan bu'aa inni<br>fidu waan hubatameef;<br><br>Namoota misoomsitoota dhuunfaaniifi<br>waldaan ijaarsa kondominiyeemiirratti<br>gahee guddaa qabanuufi warra<br>kondominiyeemii bitaniif ykn mirga qabaniif<br>haala mijaa'aa uumuun kondominiyeemii<br>walitti ijaaruun murteessaa waan ta'eef; | በከተሞች የሚታየውን የቤት እጥረት ለመቀነስ<br>የከተማ ቦታን ለግል ሽንሽና ከማድረግ በተጨማሪ<br>ሌሎች የከተማ ቦታ አጠቃቀም አማራጮችን<br>ጎን ለጎን ተግባራዊ ማድራግ አስፈላጊ መሆኑን<br>በመገንዘብ፤<br><br>የከተማ ቦታን ወደ ላይ ወይም ጎን ለጎን የተሰሩ<br>ቤቶችን ለሚይዝ የጋራ ሕንፃ ግንባታ ማዋል<br>አነስተኛ የከተማ ቦታ የብዙ ሰዎች የጋራ ይዞታ<br>እና መጠቀሚያ እንዲሆን በማድረግ የከተማ<br>ቦታ አጠቃቀምና የቤት አቅርቦትን በማሻሻል<br>እንዲሁም የከተሞችን ውበት በመጠበቅ ረገድ<br>የሚኖረውን ድርሻ በመረዳት፤<br><br>የግል አልሚዎችና ማህበራት በኮንዶሚኒየም<br>ግንባታ ለሚኖራቸው ከፍተኛ አስተዋጽኦ እና<br>የኮንዶሚኒየም ለሚገዙ ወይም ለሌሎች<br>በኮንዶሚኒየም ላይ ባለመብት ለሆኑ ሰዎች<br>ምቹ ሁኔታ መፍጠር ለጋራ ሕንፃ ግንባታ<br>ወሳኝ በመሆኑ፤ | <b>WHEREAS</b> , to minimize housing problems<br>in the urban areas it is deemed necessary<br>to implement other alternative means in<br>addition to plots basis urban land use;<br><br><b>WHEREAS</b> , recognizing that the allocation<br>of urban land to a high rise or a row of<br>houses condominium building will<br>contribute to maintain the beauty of the<br>urban areas and to the improvement of<br>urban land use and supply of housing<br>through making great number of people<br>benefit and commonly hold a small size of<br>urban land;<br><br><b>WHEREAS</b> , it is essential to the<br>development of condominium to create<br>favorable conditions, to private developers<br>and co-operatives, which have major<br>contributions towards the development of<br>condominium and also to purchase of units<br>and to all others, which have a right, related<br>to the condominium; |

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a)tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

### Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa

#### 1. Mata Durree Gabaabaa

Labsiin kun “Labsii Abbaa Qabeenyummaa Kondominiyeemii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.121/1999” jedhamee waamamuu ni danda’a.

#### 2. Hiika

Akkaataan seensa jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) “Kondominiyeemii” jechuun konstiraakshina manneen shan ykn isaa ol kan dhuunfaatti qabaniifi walcinaatti ykn walirratti ijaaramanii fi qabeenya waliinii ta’uudhaan iddoo tajaajila waliinii kennu of keessaa qabu kan jireenyaaf ykn tajaajila birootiif oolu ta’ee lafa kondomiyemiin irratti ijaarame ni dabalata.
- 2) “Tajaajila waliinii” jechuun Qaama kondominyeemii kan manneen dhuunfaatiin qabaman ala ta’e hundadha;
- 3) “Baasii waliinii” jechuun kaayyoofi dirqama Waldaa Abbootii Manneenii fiixaan baasuuf baasii godhame kamiyyuufi akkaataa Labsii kanaatti beeksisa kondominiyeemii keessatti baasii waliinii jedhamee kan ibsameedha.
- 4) “Bu’aa waliinii” jechuun Galii Waldaa Abbootii Manneenii galchuurraa baasiin hir’ifamee bu’aa hafeedha.
- 5) “Galmeessisaa” jechuun akkaataa Labsii kanaa Keewwata 4tti kan kondominiyeemii galmeessiseedha.
- 6) “Beeksisa Gamoo” jechuun mirgaafi dirqama Waldaa Abbootii Qabeenyaa fi namoonni mana bitachuun mataa mataatti kan qaban beeksisuuf sanada bahe ennaa ta’u fooyya’iinsa beeksisa kondominiyeemiirratti taasifame kamiyyuu ni dabalata.
- 7) “Ibsa kondominiyeemii” jechuun maqaa teessoo kondominiyeemii, daangaa manaafi iddoo tajaajila waliiniitiif oolu, akkasumas kondominiyeemicha keessatti iddoo tajaajila waliiniifi manneen tokko tokkoon isaanii qubatanii itti argaman sanadii agarsiisu ennaa ta’u fooyya’iinsa ibsa kondominiymii kamiyyuu ni dabalata.

ለዚህም በአሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ ሕገ መንግስት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፱ በአንቀጽ ፵፱ ንዑስ አንቀጽ ፫ መሠረት ከዚህ ቀጥሎ ያለው ታውጿል፡፡

### ከፍል አንድ

#### ጠቅላላ

#### ፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “በአሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የኮንዶሚኒየም ባለቤትነት አዋጅ ቁጥር ፻፳፭/፲፱፻፺፱” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

#### ፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም ካላሰጠው በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- ፩) “ኮንዶሚኒየም” ማለት ከመሬት ወደ ላይ ጎን ለጎን የተሰሩ በተናጠል የሚያዙ አምስትና ከአምስት በላይ ቤቶች እና በጋራ ባለቤትነት የሚያዙ የጋራ መጠቀሚያዎች ያሉት ለመኖሪያ ወይም ለሌላ አገልግሎት የሚውል ግንባታ ሲሆን ኮንዶሚኒየም ያረፈበት የቦታ ይዞታ ይጨምራል፡፡
- ፪) “የጋራ መጠቀምያ” ማለት በተናጠል ከተያዙት ቤቶች ውጭ ያለ ማናቸውም የኮንዶሚኒየም አካል ነው፡፡
- ፫) “የጋራ ወጪ” ማለት የባለቤቶች ማህበር አላማና ግዴታ ለማስፈጸም የሚደረግ ማናቸውም ወጪ እና በዚህ አዋጅ በኮንዶሚኒየም ማሳወቂያ የጋራ ወጪ ተብሎ የተደነገገው ነው፡፡
- ፬) “የጋራ ትርፍ” ማለት የባለቤቶች ማህበር ከሚሰበሰበው ገቢ ወጪው ተቀንሶ የሚገኘው ውጤት ነው፡፡
- ፭) “አስመዝጋቢ” ማለት በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፬ መሠረት ኮንዶሚኒየምን ያስመዘገበ ነው፡፡
- ፮) “የሕንፃ ማሳወቂያ” ማለት የቤት ባለቤቶች ማህበር እና የእያንዳንዱን የቤት ባለቤት መብትና ግዴታዎች የሚወስን ሰነድ ሲሆን ማንኛውንም የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያ ማሻሻያ ይጨምራል፡፡
- ፯) “የኮንዶሚኒየም መግለጫ” ማለት የኮንዶሚኒየምን ስምና አድራሻ የቤቶችንና የጋራ መጠቀሚያዎችን ወሰኖች እንዲሁም ከኮንዶሚኒየም አንፃር የጋራ መጠቀሚያዎች እና የእያንዳንዱ ቤት የሚገኝበትን ትክክለኛ ቦታ የማያሳይ ሰነድ ሲሆን ማንኛውም የኮንዶሚኒየም መግለጫና ማሻሻያ ይጨምራል፡፡

NOW, THEREFORE, in accordance with the Constitution of the Oromiya National Regional State No. 46/2001, Article 49 (3)

(a) proclaims as follows:

### PART ONE GENERAL

#### 1. Short Title

This proclamation may be cited as the “Proclamation to Provide for the Ownership of Condominium Houses of the Oromiya National Regional State No. 121/2006.”

#### 2. Definition

In this Proclamation unless the context requires:

- 1) “**Condominium**” means a building for residential or other purpose with five or more separately owned units and common elements, in a high-rise building or in a row of houses, and includes the land holding of the building.
- 2) “**Common elements**” means all that are part of the condominium except the units.
- 3) “**Common Expense**” means the excess of all receipts of the objectives and duties of unit owners association and any expenses specified as common expenses in this proclamation or in a declaration.
- 4) “**Common Surplus**” means the excess of all receipts of the owners association over the expenses of the association.
- 5) “**Declarant**” means any one who registers a building under Article 4 of this Proclamation.
- 6) “**Declaration**” means an instrument that describes the rights and obligation of the unit owners association and of the unit owner and includes any amendments thereto.
- 7) “**Description**” means an instrument that specifies the name and location of the condominium, the boundaries of units and of common elements, and includes all amendments thereto.

8) “Tajaajila waliinii manneen murtaa’eef ramadame” jechuun qaama kondominiyeemii ta’ee iddoo tajaajila waliinii keessaa mana tokkoof ykn manneen murtaa’aniif qofa tajaajila akka kennu godhamee kan ramadameedha.

9) “Waldaa Abbootii Manneenii” jechuun Waldaa Abbootii Kondominiyeemi akkaataa Labsii kanaatti dhaabbateedha.

10) “Qaama Galmeessu” jechuun akkaataa Labsii kanaatti hojii galmeessuu akka raawwatu kan aangoon kennameef qaama raawwachiisaadha.

11) “Badii guddaa” jechuun balaa bifa kamiyyuu gamoo sana irra gahuudhaan kan ka’e gatiin deebisee ittiin suphamu ykn ijaaramu gatii manichaa ol kan ta’u jechuudha.

12) “Mana” jechuun sanadii beeksisafi ibsa kondominiyeemii keessatti tajaajila murtaa’e tokkoof kan ramadame qaama kondominiyeemii kutaa tokko ykn kutaa tokko ol qabuudha.

### 3. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun Naannoo Oromiyaa keessatti Bulchiinsa Magaalotaa, Waajjiraalee Pirojektoota Misooma Manneenii fi Manneen Mootummaa Naannoo irratti ni raawwata.

#### KUTAA LAMA

#### Kondominiyeemii Galmeessuufi Waraqaa Ragaa

#### 4. Kondominiyeemii Galmeessuu

1) Kan Labsii kanaan tumame akkuma eegametti ta’ee, abbaan kondominiyeemii ykn bakka bu’aansaa akkaataa Labsii kanaatti kondomiyeemii bituudhaaf kan isa dandeggisan beeksisaafi ibsa kondominiyeemii dambii ittiin bulmaataafi dambii keessaa dhiyessee fedhiisaa barreeffamaan mul’isee ni galmaa’a.

2) Qabeentaan beeksisaafi ibsa kondominiyeemii, Dambii ittiin bulmaataa akkasumas dambii Labsii kana hojiirra oolchuuf bahu keessatti murtaa’a.

3) Beeksisniifi ibsi kondominiyeemii dambiin ittiin bulmaataafi dambii keessaa qaama galmeessuun ragga’uufi galmaa’uu qabu.

#### 5. Waraqaa Ragaa

Akkaataa Labsii kanaatti kondominiyeemiin ennaa galmaa’e abbaa galmeessiseef waraqaan ragaa ni kennama.

፩) “ለተወሰነ ቤት የተመደበ የጋራ መጠቀሚያ” ማለት ከጋራ መጠቀሚያ ውስጥ ለአንድ ወይም ለተወሰነ ቤቶች አገልግሎት ብቻ የተመደበ የኮንዶሚኒየም አካል ነው፡፡

፪) “የቤት ባለቤቶች ማህበር” ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት የተቋቋመ የኮንዶሚኒየም ባለቤቶች ማህበር ነው፡፡

፫) “መዝጋቢ አካል” ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት የምዝገባ ተግባር ለማከናወን የሚሰየም አስፈጻሚ አካል ነው፡፡

፬) “ታላቅ ውድመት” ማለት በማንኛውም አይነት ሕንጻው ላይ በሚደርስ አደጋ ምክንያት መልሶ የማደራጀት የመገንባት ወጪ ከቤቱ ዋጋ በላይ ሲሆን ማለት ነው፡፡

፭) “ቤት” ማለት በኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ ለአንድ ለተወሰነ አገልግሎት የተመደበ አንድ ወይም ከአንድ በላይ ክፍሎች ያሉት የኮንዶሚኒየም አካል ነው፡፡

#### ፫. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ በአርሚያ ብሔራዊ ክልል ውስጥ በሚገኙት የከተሞች አስተዳደር፣ በቤት ልማት ፕሮጀክት ጽ/ቤት እና በክልሉ የመንግስት ቤቶች ላይ ተፈጻሚ ይሆናል፡፡

#### ክፍል ሁለት

#### የኮንዶሚኒየም ምዝገባና የምስክር ወረቀት

#### ፬. የኮንዶሚኒየም ምዝገባ

፩) የዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው ማንኛውም የኮንዶሚኒየም ባለቤት ወይም ወኪሉ በዚህ አዋጅ መሠረት ኮንዶሚኒየሙን ለመግዛት ፍላጎቱን በጽሑፍ ለመመዝገብ ብቁ የሚያደርጉትን የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ ሲያቀርብ ኮንዶሚኒየሙ ይመዘገባል፡፡

፪) የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ የመተዳደሪያ ደንብ እና ውስጠ ደንብ ይዘት ይህንን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብ ይወሰናል፡፡

፫) የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንቡ በመዝጋቢው አካል መጽደቅና መመዝገብ አለበት፡፡

#### ፭. የምዝገባ የምስክር ወረቀት

በዚህ አዋጅ መሠረት ኮንዶሚኒየሙ ሲመዘገብ ለአስመዝጋቢው የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል፡፡

8) “Limited common elements” means common elements designated for the exclusive use of only one or some of the units;

9) “Unit owners Association” means an association of unit owners instituted under this proclamation;

10) “Registrar” means an Office assigned to register a condominium in accordance with this Proclamation;

11) “Substantial Damage” means any kind of damage that exceeds the cost price of reconstruction or renewal of the unit;

12) “Unit” means a part of the building consisting one or more rooms and designated for a specific purpose in a declaration and description;

### 3. Scope of Application

This Proclamation shall apply in Oromiya Regional Urban Administration and on the Housing Development Offices and the Regional Government Houses.

## PART TWO

### Registration and Certificate

#### 4. Registration of Condominium

1) Notwithstanding provisions of this Proclamation, a building may be registered as a condominium when the owners or their agents submit written application declarant the intention that the building be governed under this Proclamation together with a declaration; description, by-laws, and rules.

2) The contents of declaration, description by-laws and rules shall be determined by the Regulations issued to implement this Proclamation.

3) The declaration description by laws and rules shall be approved and registered by the registrar.

#### 5. Certificate of Registration

Certificate of registration shall be issued for the Declarant where the building is registered under this Proclamation.

**6. Bu'aa Galmaa'uu**

- 1) Kondominiyeemichi, lafti kondominiyemichi irratti ijaaramee, mirgi, bu'aaniifi dirqamni kana wajjiin walqabatan hundi akkaataa Labsii kanaatti ni bulu;
- 2) Gamoon ibsa Kondominiyeemii keessatti ibsame manneeniifi tajaajila waliin qabamaniif ni hirama;
- 3) Waldaan Abbootii Qabeenyaa qaama seerummaa qabu ni dhaabbata;

**7. Beeksisa, Ibsa, Dambii Ittiin Bulmaataafi Dambii Keessaa Kondominiyeemii Fooyyessuu**

- 1) Beeksisa, ibsa, dambii ittiin bulmaataafi dambii keessaa fooyyessuuf abbootii manneeniin harka sadii keessaa harka lamaan (2/3) murtaa'uu qaba
- 2) Abbootii manneeniitiin kan ragga'e fooyya'iinsi Dambiin ittiin Bulmaataafi dambii keessaa kan hojiirra oolan qaama galmeessutti dhiyaatee galmaa'ee waldichaaf waraqaan galmaa'uusaa yoo kennameefidha.

**KUTAA SADII****Abbaa Qabeenyummaa****8. Waa'ee Abbaa Qabeenyummaa Manaa**

- 1) Kan Labsii kana keessatti tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan manaa kamiyyuu manicharratti mirga abbaa qabeenyummaa ni qabaata.
- 2) Manni qaama kondiminiyeemii ta'ee Labsii kanaan bulu, mataasaa danda'ee kophaatti mirgiifi dirqamni seera qabeessa ta'e irratti uumamuu ni danda'a.

**9. Waa'ee Tajaajila Waliinii**

- 1) Labsii kanaan, beeksisa kondominiyeemii, dambii ittiin bulmaataafi dambii keessaarratti daangaan godhaman akkuma eegamanitti ta'ee, abbaan kondominiyeemii kamiyyuu haala sirrii ta'een tajaajila waliiniitti fayyadamuuf mirga ni qabaata.
- 2) Mirgi tajaajila waliinii fayyadamuu kan hin qoodamneefi mirga abbaa qabeenyummaa mana tokko tokkoon isaan kan gargar hin baanedha.
- 3) Mirgi abbaan qabeenyummaa mana tokko tokkoon isaa tajaajila waliinii irratti qabu dhibbeentaan isaa beeksisa kondominiyeemii keessatti ni murtaa'a.

**፮. የምዝገባ ውጤት**

- ሐ) ኮንዶሚኒየም፣ ኮንዶሚኒየም ያረፈበት ቦታና ከዚሁ ጋር የተያያዙ መብቶች፣ ጥቅሞችና ግዴታዎች በዚህ አዋጅ መሠረት ይተዳደራሉ።
- ከ) በኮንዶሚኒየም መግለጫ ላይ የተገለጸው ሕንፃ በቤቶችና በጋራ መጠቀሚያዎች ይከፋፈላል።
- ለ) የቤት ባለቤቶች ማህበር ሕጋዊ ሰውነት ያለው አካል ሆኖ ይቋቋማል።

**፯. የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ ስለማሻሻል**

- ሐ) የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ መሻሻል በቤት ባለቤቶች ፪/፫ኛ ድምጽ መወሰን አለበት።
- ከ) በቤት ባለቤቶች የጸደቀው መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ ማሻሻያ ተግባራዊ የሚሆነው ለመዝጋቢው አካል ቀርቦ ሲመዘገብና ለዚሁም የምዝገባ የምስክር ወረቀት ለማህበሩ ሲሰጠው ነው።

**ክፍል ሦስት****ስለ ባለቤትነት****፰. ስለ ቤት ባለቤትነት**

- ሐ) በዚህ አዋጅ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የማናቸውም ቤት ባለቤት በቤቱ ላይ የባለቤትነት መብት ይኖረዋል።
- ከ) በዚህ አዋጅ መሠረት የሚተዳደር የኮንዶሚኒየም አካል የሆነ ቤት በተናጠል ማናቸውም ሕጋዊ ተግባር የሚከናወንበት ነው።

**፱. ስለ ጋራ መጠቀሚያዎች**

- ሐ) በዚህ አዋጅ በኮንዶሚኒየም ማሳወቂያ፣ በመተዳደሪያ ደንብና በውስጠ ደንብ የተወሰኑ ገደቦች እንደተጠበቁ ሆነው ማንኛውም የኮንዶሚኒየም ባለቤት የጋራ መጠቀሚያዎችን አግባብ በሆነ መንገድ የመጠቀም መብት አለው።
- ከ) በጋራ መጠቀሚያዎች የመጠቀም መብት የማይከፋፈል እና ከእያንዳንዱ ቤት የባለቤትነት መብት ጋር የማይነጣጠል ነው።
- ለ) የእያንዳንዱ ቤት ባለቤትነት መብት በጋራ መጠቀሚያ ላይ የሚያስገኘው የማይከፋፈል መብት ድርሻ መቶኛ በኮንዶሚኒየም ማሳወቂያ ይወሰናል።

**6. Effect of Registration**

- 1) The building together with the land holding and related rights benefits and obligations shall be governed by this Proclamation.
- 2) The building in the description shall be divided in to units and common elements.
- 3) A unit owners association shall be established as an independent legal Person.

**7. Amendment to Declaration,****Description By-laws and Rules**

- 1) The amendment of declaration description by-laws and rules shall be approved by a 2/3rd majority vote of unit owners.
- 2) The amendment of declaration, description, by-laws and rules approved by unit owners shall be effective only upon registration and issuance of certificate thereof.

**PART THREE****Ownership****8. Unit Ownership**

- 1) Subject to this Proclamation a unit owner is entitled to ownership right upon the unit.
- 2) A unit of a building registered under this Proclamation may be subject to any legal transaction.

**9. Common Elements**

- 1) Subject to the restrictions in this Proclamation, the declaration, description by-laws and rules any unit owner shall have the right to properly use the common elements.
- 2) The right to use common elements is undivided and attached to the unit ownership.
- 3) The percentage of the undivided share of interest in the common elements attached to the unit ownership shall be determined in the declaration.

- 4) Mirgi abbaa qabeenyummaa mana tokko tokkoon isaa tajaajila waliin irratti qabu gaheensaa qaama mana tokko tokko kamiyyuu ta'ee kan ilaalamuufi gochi seeraan manarratti raawwatu martiinuu kan isa hammatu ta'a.
- 5) Akkaataa Labsii kanaatti yoo ta'e malee tajaajilli waliinii qoqqoodamuu hin danda'u.

## KUTAA AFUR

### Waa'ee Waldaa Abbootii Manneenii

#### 10. Waa'ee Waldichaa

Waldaan Abbootii Manneenii kan dhaabbate bu'aa argamsiisuuf ykn qooddachuuf otoo hin ta'in bu'aa waliinii miseensotaaf argamsiisuuf kan dhaabbateedha.

#### Kaayyoo

Waldaan Abbootii manneenii kaayyoowwan armaan gaditti ibsaman ni qabaata;

- 1) Abbootii manneenii bakka bu'ee kondominyeemicha bulchuu;
- 2) Nagaafi tasgabpii jiraattota kondominyeemii eegsisuu;
- 3) Abbootiin manneenii, namoonni manneen qabataniifi warri tajaajila waliinii kireeffatan Labsii kana, beeksisaa, ibsa kondominyeemii, dambii ittiin bulmaataafi naamusa (Code of conduct) kabajuusaanii mirkaneessuu;
- 4) Abbootii manneenii bakka bu'uudhaan dhimmoota biroo barbaachiisaa ta'an raawwachuudha.

#### 12. Miseensummaa Waldaa

Abbaan kondominyeemii qabu kamiyyuu miseensa Waldaa Abbootii Manneenii ta'uu qaba.

#### 13. Aangoofi Hojii Waldichaa

Waldaan Abbootii Manneenii Aangoofi Hojii armaan gaditti ibsaman ni qabaata.

- 1) Beeksisaa gamoofi ibsa waliin bulmataa akkasumas dambii keessaa baasuufi fooyyessuu;
- 2) Baajata murteessuufi fooyyessuu;
- 3) Tajaajila waliinii haala itti tajaajilaman murteessuu;
- 4) Tajaajila waliinii kireessuu, wabiidhaan qabsiisuu fi dabarsuu;
- 5) Adabbii, baasiifi kaffaltii tajaajilaa murteessuu;
- 6) Hojjettoota qaxaruu, bulchuufi hojiirraa gaggeessuu;

- ፬) የኢንዱስትሪ ቤት የባለቤትነት መብት በጋራ መጠቀሚያ ላይ የሚያስገኘው መብት ድርሻ የኢንዱስትሪ ቤት አካል ሆኖ የሚታይና በቤት ላይ የሚፈፀመው ማናቸውም ሕጋዊ ተግባር የሚመለከተው ነው፡፡
- ፭) በዚህ አዋጅ መሠረት ካልሆነ በቀር የጋራ መጠቀሚያዎች ሊከፈሉ አይችሉም፡፡

## ክፍል አራት

### ስለ የቤት ባለቤቶች ማህበር

#### ፲. ስለ ማህበሩ

የቤት ባለቤቶች ማህበር ትርፍ ለማግኘት ወይም ለመከፋፈል ሳይሆን ለአባላቱ የጋራ ጥቅም የተቋቋመ ማህበር ነው፡፡

#### ፲፩. ዓላማ

የቤት ባለቤቶች ማህበር የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖራታል፡፡

- ፩) የቤት ባለቤቶችን በመወከል ኮንዶሚኒየምን ማስተዳደር፤
- ፪) የኮንዶሚኒየምን ነዋሪዎች ሠላምና ደህንነት ማስጠበቅ፤
- ፫) የቤት ባለቤቶች ቤቶችን የያዙ ሰዎች የጋራ መጠቀሚያ ተከራዮች ይህንን አዋጅ የኮንዶሚኒየም ማላወቂያና መግለጫውን መተዳደሪያ ደንቡንና ውስጠ ደንቡን ማክበራቸውን ማረጋገጥ፤
- ፬) የቤት ባለቤቶችን የጋራ ጥቅም በመወከል አስፈላጊ የሆኑ ሌሎች ተግባራትን መፈፀም፤

#### ፲፪. የማህበር አባልነት

ማንኛውም የኮንዶሚኒየም ባለቤት የቤት ባለቤቶች ማህበር አባል መሆን አለበት፡፡

#### ፲፫. የማህበሩ ሥልጣንና ተግባር

የቤት ባለቤቶች ማህበር የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖራታል፡፡

- ፩) የሕንፃ ማላወቂያና መግለጫ፣ መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ ማውጣትና ማሻሻል፤
- ፪) በጀት መወሰንና ማሻሻል፤
- ፫) የጋራ መጠቀሚያዎችን አጠቃቀም መወሰን፤
- ፬) የጋራ መጠቀሚያዎችን ማከራየት፣ በዋስትና ማስያዝና ማስተላለፍ፤
- ፭) ቅጣት፣ መዋጮና የአገልግሎት ክፍያዎችን መወሰን፤
- ፮) ሠራተኞች መቅጠር፣ ማስተዳደርና ማሰናበት፤

- 4) The Percentage of the unaided interest in the common elements shall be a part of the unit ownership and any legal act on a unit shall also be effective upon the undivided share of interest.
- 5) Unless otherwise provided in this Proclamation Common elements are not divisible.

## PART FOUR

### UNIT OWNERS ASSOCIATION

#### 10. The Association

The unit owners association is an association established with a view to obtaining mutual benefits other than securing or sharing of Profits.

#### 11. Objectives

The unit owners association shall have the following objectives:

- 1) Manage the Condominium on behalf of unit owners;
- 2) Ensure the Peace and security of residents in the Condominium;
- 3) Ensure that unit owners, occupiers of units, lessees of the common elements comply with this Proclamation, declaration, description, by-laws and rules;
- 4) Perform other necessary activities in the interest of unit owners' mutual benefit.

#### 12. Membership

Every unit owner in a condominium shall be a member of the respective unit owners association.

#### 13. Powers and Duties of the Association

The unit owners association shall have the following powers and duties:

- 1) Adopt or amend the declaration description by-laws and rules.
- 2) Approve budgets and amendments thereto;
- 3) Determine the conditions on the use of common elements;
- 4) Lease, subject to security and transfer the common elements;
- 5) Determine fines, fees and contributions;
- 6) Hire, administer and fire employees;

- 7) Abbaa qabeenyaa ta'uu, wabiidhaan qabsiisuufi dabarsuu;
- 8) Waliigaltee seenuu, himachuufi himatamuu ni danda'a.

**14. Aangoofi Hojii Walga'ii Waliigalaa Waldichaa**

Walga'iin waliigalaa Waldaa Abbootii Manneenii Aangoofi Hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Beeksisaafi ibsa kondominiyeemii akkasumas fooyaa'iinsa taasifamu raggaasisuu;
- 2) Dambii ittiin bulmaataafi dambii keessaa akkasumas fooyya'iinsa isaanii raggaasisuu;
- 3) Miseensota Boordiifi Dirikteroota filachuufi hojiirraa gaggeessuu;
- 4) Gabaasa raawwii hojiifi oditii waldichaa dhagahuufi murteessuu;
- 5) Akkaataa Labsii kanaattii Waldaan Abbootii Manneenii Waldaa Abbootii Manneenii biroo wajjin akka walitti makamu ykn kondominiyeemichi Labsii kanaan buluun isaa akka raawwatu murteessuu;
- 6) Sagantaa hojiifi baajata waggaa raggaasisuu;
- 7) Boordii direkterootaatiin dhimma dhiyaatu kamiyyuu irratti murteessuudha.

**15. Walgahii Waldaa Abbootii Manneenii**

- 1) Waldaan Abbootii Manneenii bara baraan walgahii miseensota waliigalaa ni qabaata.
- 2) Haala yaamicha Boordiin Dirikterootaa taasisuun walgahii ariifachiisaa ni adeemsisa.
- 3) Abbootiin Manneenii harka digdamii shan (%25) ta'an walgahiin akka waamamu yoo gaafatan Boordiin Direkterootaa walgahii abbootii manneenii ni waama.
- 4) Walgahii waliigalaa abbootiin manneenii harka 50+1 ykn isaa ol yoo argaman walgahii guutuu ni ta'a.
- 5) Abbootiin Manneenii qaamaan argamuudhaan ykn bakka bu'aadhaan sagalee kennuu ni danda'u.
- 6) Abbootiin Manneenii qaamaan argamuudhaan ykn bakka bu'aadhaan sagalee kennuu ni danda'u.

- ፮) የንብረት ባለቤት መሆን፣ በዋስትና ማስያዝና ማስተላለፍ፤
- ፯) ውል መዋዋል፣ መክሰስና መከሰስ፤

**፲፩. የማህበሩ ጠቅላላ ስብሰባ ሥልጣንና ተግባር**

የቤት ባለቤቶች ማህበር ጠቅላላ ስብሰባ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖራታል፡፡

- ፩) የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ እንዲሁም ማሻሻያ ማጽደቅ፤
- ፪) መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ መግለጫ እንዲሁም ማሻሻያዎችን ማጽደቅ፤
- ፫) የዳይሬክተሮች ቦርድ አባላትን መምረጥና መሻር፤
- ፬) የማህበሩን የሥራ ክንውን፣ የሂሳብ ምርመራ ሪፖርቶች መስማትና ውሳኔ መስጠት፤
- ፭) በዚህ አዋጅ መሠረት የቤት ባለቤቶች ማህበር ከሌላ የቤት ባለቤቶች ማህበር ጋር እንዲዋሀድ ወይም ኮንዶሚኒየም በዚህ አዋጅ መሠረት መተዳደሩ እንዲያበቃ መወሰን፤
- ፮) ዓመታዊ የሥራ ዕቅድና በጀት ማጽደቅ፤
- ፯) በዳይሬክተሮች ቦርድ በሚቀርብለት ማናቸውም ጉዳይ ላይ ውሳኔ መስጠት፡፡

**፲፭. የቤት ባለቤቶች ማህበር ስብሰባ**

- ፩) የቤት ባለቤቶች ማህበር ዓመታዊ ጠቅላላ ስብሰባ ይኖረዋል፡፡
- ፪) የቤት ባለቤቶች ማህበር የዳይሬክተሮች ቦርድ በሚያደርገው ጥሪ መሠረት አስቸኳይ ስብሰባዎችን ያካሂዳል፡፡
- ፫) ፳፭% (ሃያ አምስት በመቶ) የሆኑትን ቤቶች የያዙ የቤት ባለቤቶች ስብሰባ እንዲደረግ ከጠየቁ የዳይሬክተሮች ቦርድ የቤት ባለቤቶች ስብሰባ መጥራት አለበት፡፡
- ፬) በማንኛውም ስብሰባ ከጋራ ሕንፃው ቤት ባለቤቶች ፶ ፐርሰንት ሊደመር ፩ /የሃምሳ በመቶ ሊደመር አንድ/ እና በላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባኤ ይሆናል፡፡
- ፭) የቤት ባለቤቶች በቀጥታ ወይም በወኪል አማካኝነት ድምጽ ሊሰጡ ይችላሉ፡፡
- ፮) በዚህ አዋጅ በሌላ ሁኔታ ካልተደነገገ በቀር የቤት ባለቤቶች ማህበር ውሳኔ የሚያስተላልፈው በድምጽ ብልጫ ይሆናል፡፡

- 7) Own, subject to security and transfer property;
- 8) Enter in to contracts, to sue and/ or be sued.

**14. Power and Duties of the General Meeting**

The Unit owners' general meeting shall have the following Powers and duties:

- 1) Approve the declaration, description and amendments thereto;
- 2) Approve the by-laws and rules, and amendments thereto;
- 3) Elect and remove members of the board of directors;
- 4) Hear and decide on activity and audit reports of the association;
- 5) Decide on amalgamation of the unit owners' as-association with other unit owners associations and on termination of the condominium to be administered in this Proclamation.
- 6) Approve the annual Plan and budget;
- 7) Decide on such other matters as may be presented by the board of directors.

**15. Meeting of Unit Owners**

- 1) The unit owners association shall hold annual general meeting.
- 2) The unit owners association shall hold extraordinary meetings as may be called by the board of directors.
- 3) A general meeting shall be called by the board of directors where owners of 25% of the units request for a general meeting.
- 4) There shall be a quorum in any general meeting where owners who own 50%+1 (fifty per cent plus one) and above of the units are present.
- 5) Unit owners may cast vote personally or by proxy.
- 6) Unless otherwise provided in this Proclamation all matters proposed for the consideration of the unit owners at a meeting of owners shall be decided by majority votes of owners.

- 6) Labsii kana keessatti akkaataa biraatiin hanga hin tumaminitti murtiin walgahii Abbootii Manneeniitiin darbu sagalee caalmaan ta'a.

#### 16. Boordii Dirakterootaa

- 1) Boordii Dirakterootaa qaama Hogganaa Waldaa Abbootii Manneeniiti.
- 2) Boordii Dirakterootaa inni jalqabaa qaama galmeessuun kan dhaabbatu ta'uun isaa akkuma eegamutti ta'ee Abbootii Manneenii keessaa isaaanumaan kan filatamu ta'a.

#### 17. Boordii Dirakteroota Jalqabaa

- 1) Kondominiyeemiin haala Labsii kanaatti erga galmaa'ee booda qaamni galmeessise Boordii Dirkteeroota isaa jalqabaa ramaduu (dhaabu) qaba,
- 2) Abbootiin Manneenii miseensota Boordii abbaa galmeessisuun ramadamanitti miseensota biroo dabaluu ykn jijjiiranii filachuu ni danda'u,
- 3) Akkaataa Keewwata kanaatti yeroo filannoon itti adeemsifamuu fi haala aangoo wal irraa fuudhuu Boordii jalqabaafi Boordii bakka bu'u ilaalchisee dambii Labsii kana hojiirra oolchuuf bahu keessatti ibsama.

#### 18. Aangoofi Hojii Boordii Direkteerootaa

Boordii Dirakterootaa Aangoofi Hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Akkaataa Labsii kanaatti walgahii miseensota hunda waamuufi qaboo yaaii barreessee qabuu;
- 2) Beeksisaafi ibsa Kondominiyeemii dambii ittiin bulmaataafi dambii keessaa akka fooyya'u qopheessuufi ennaa ragga'es hojii irra oolchuu;
- 3) Sagantaafi baajata waggaa qopheessuu, yoo ragga'es hojiirra oolchuu;
- 4) Galmeewwaniifi herregawwan waldichaa qabuu;
- 5) Murtii walgahii waliigala waldaa Abbootii Manneenii raawwachuufi raawwachiisuu;
- 6) Hojii waldichaa ilaalchisee walgahii waliigalaa waldichaatiif gabaasa dhiyeessuu;

#### ፲፮. የዳይሬክተሮች ቦርድ

- ሀ) የዳይሬክተሮች ቦርድ የቤት ባለቤቶች ማህበር የአመራር አካል ነው።
- ለ) የመጀመሪያው ዳይሬክተሮች በአስመዝጋቢው የሚሰየሙ መሆናቸው እንደተጠበቀ ሆኖ ዳይሬክተሮች ከቤት ባለቤቶች መካከል በባለቤቶች ይመረጣሉ።

#### ፲፯. የመጀመሪያው የዳይሬክተሮች ቦርድ

- ሀ) የኮንዶሚኒየም በዚህ አዋጅ መሠረት ከተመዘገበ በኋላ አስመዝጋቢው የመጀመሪያውን የዳይሬክተሮች ቦርድ መሰየም አለበት።
- ለ) የቤት ባለቤቶች በአስመዝጋቢው በተሰየሙት የቦርድ አባላት ተጨማሪ የሚሆኑ አባላት ወይም ተተኪ የዳይሬክተሮች ቦርድ ሊመርጡ ይችላሉ።
- ሐ) በዚህ አንቀጽ መሠረት ምርጫ ስለሚከናወንበት ጊዜ እና በመጀመሪያ የዳይሬክተሮች ቦርድ እና በተተኪው የዳይሬክተሮች ቦርድ መካከል ስለሚደረገው የሥልጣን ሽግግር ይህንን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብ ይወሰናል።

#### ፲፰. የዳይሬክተሮች ቦርድ ሥልጣንና ተግባር

የዳይሬክተሮች ቦርድ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።

- ሀ) በዚህ አዋጅ መሠረት የማህበሩን ጠቅላላ ስብሰባ መጥራትና የስብሰባውን ቃለ ጉባኤ በጽሑፍ መያዝ፤
- ለ) የኮንዶሚኒየም ማሳወቂያና መግለጫ፣ መተዳደሪያ ደንብና ውስጠ ደንብ ማሻሻያ ማዘጋጀትና ሲጸድቅም በሥራ ላይ ማዋል፤
- ሐ) ዓመታዊ የሥራ ዕቅድና በጀት ማዘጋጀት ሲጸድቅም በሥራ ላይ ማዋል፤
- ወ) የማህበሩን መዛግብትና ሂሳብ መያዝ፤
- ከ) የቤት ባለቤቶች ማህበር ጠቅላላ ስብሰባ ውሳኔዎችን ማስፈጸም፤
- ኧ) የማህበሩን የሥራ እንቅስቃሴ በሚመለከት ለጠቅላላ ስብሰባ ሪፖርት ማቅረብ፤

#### 16. Board of Directors

- 1) The board of directions is the managerial organ of unit owners association.
- 2) Provided that declarant may assign the first board of directors, the unit owners shall, from among the unit owners, elect the directors.

#### 17. The First Board of Directors

- 1) The declarant shall designate the first board of directors after registration of condominium under this Proclamation.
- 2) Unit owners may elect additional members to the first board of directors or elect members for a succeeding board of directors.
- 3) The Period of election under this Article, and the transitions of powers between the first board of directors and the succeeding board of directors shall be determined by regulations to be issued under this Proclamation.

#### 18. Powers and Duties of Board of Directors

The board of directors shall have the following powers and duties:

- 1) Call the unit owners' General meeting under this Proclamation and keep minutes;
- 2) Prepare amendments for the declaration, description, by-laws and rules and implement it upon approval;
- 3) Prepare annual Plans and the budget and implement it upon approval;
- 4) Keep the records and accounts of the association;
- 5) Implement the decisions of the general meetings of unit owners;
- 6) Submit reports on the activities of the association to the general meetings;

- 7) Hojiiwwan walgahii waliigalaa waldichaatiin kennaman kan biroo raawwachu.

#### 19. Wa'ee Dambii Ittiin Bulmaataafi Dambii Keessaa

Waldaan abbootii mannenii dambii ittiin bulmaataafi dambii keessaa ni qabaata.

#### 20. Waa'ee Odiitaraa

- 1) Waladaan Abbootii Manneenii odiitara ni qabaata;
